KAROORA ‘KABAJA AYYAANA TORBAN DIYAASPOORAA OROMIYAA MARSAA TOKKOFFAA, BARA 2007”

GURRAANDHALA/2015

STOCKHOLM/SWEDEN

Baafata

	Qabiyyee	
1	Seensa	2
2	Barbaachisummaa Ayyaanichaa	3
3	Kaayyoo	3
4	Qabiyyeewwan Kabaja Ayyaanichaa	4
4.1.	*Guyyaa Simannaa fi Baniinsaa Feestivaala*	4
4.2.	*Guyyaa Marii Paaneelii fi Siimpoozieemii*	5
4.3.	*Guyyaa Daawwannaa fi Oromiyaa Baruu*	5
4.4.	*Guyyaa Spoortii fi Aartii Oromoo*	6
4.5.	*Guyyaa Exibiishiinii Misoomaa Fi Dhakaa Bu'uuraa*	6
4.6.	*Guyyaa Biqiltuu Dhaabuu*	7
4.7.	*Guyyaa Haaromsaa*	7
5	Hooggannoo Sagantichaa	8
6	Hojiiwwan Gurguddoo Hojjetamuu Qaban	8
7	Koreewan Moobilayzashiinii Ayyaana Torbee Diyaaspoora Oromiyaa Biyyoota Nordic	9
7.1.	*Koree Stockholm-Sweden*	9
7.2.	*Koree Oslo-Norway*	10
8	Gahee fi Ittigaafatamummaa Koree Diyaaspooraa Biyya alaa	10
9	Guyyaa Kabaja Ayyaannichaa	11
10	Sagantaa Raawwii 'Kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa bara 2007'	11
11	Xumuura	13

1. Seensa

Lammiiwan keenya biyya alaa jiraatan sochii haawas diinagdee biyyaa/Naannoo Oromiyaa keessatti gahee isaanii bahuu jalqabanii jiru. Hirmaannaa isaanii daran guddisuun baayyee murteesaa akka ta'e waan hubatameef, isa kana dhugoomsuuf yeroo ammaa sochii bal'aan taasifamaa jira. Keessattuu mootummaan tarsiimoo fi imaammata gama hundaanuu diyaaspooraa keenya hirmaachisu qopheessee, bakka bu'oonni Diyaaspoora biyya adda addaa akka irratti marii'atani taasisee, yaada gabbataa hunda itti dabaluun Imaammatin Diyaaspoora Biyyoolessa akka hojii irra oolu ta'ee jira.
Kun immoo Diyaaspooran keenyaa seera baasuu irrraa calqabee dhimma hirmaannaa isaa barbaadu hunda irratti akka hirmaachuu qabu mootummaan amantaa cimaa waan qabuufidha. Kana ta'uu irraa darbee hirmaannaan guddinaaf misooma ummata isaatif taasisu miira abbummaa isa keessatti waan uumuuf uuwisa hirmaannaa Diyaaspoora keenya caalmaatti baldhisa waan ta'eefidha.

Kanaafuu akkaataa Imaammata Diyaaspooratiin Lammiin Biyya alaa jiraatu kamiiyyuu humna misoomaa deeggarsa cimaa gochuu danda'uu umuuf gurmaa'insi haaran akka hojii irra ooluu waan taasifameef faaydaa guddaa galmeesisuu jalqabee jira.

Diyaaspooraan keenya olola maseena humnootn faalla misooma fi nageenya biyya/ummata keenya ta'anii fi mankaraasitootaa (Extremist) muraasa ta'an afarsaniin akka hin burjaajofne waa'ee sochii biyya isaa irratti odeefannoo sirrii fi wayitawaa ta'e akka argatu waltajjiiwwan adda addaa biyyoota gara garaatti umuun mariin baldhaaf bu'a qabeessa ta'e komunitii Oromoo wojjiin hooggantoota olaanoo Oromoo mootummaa federalawaa fi naannichaatiin gaggeefamee jira. Kessattuu gudina diinagdee ariifataa biyyi keenya galmeessaa dhuftee akka ittifuufuuf diyaaspooran keenya diinagdee horate, barnootaafi muuxannoo argate fi dhaabbilee barbaachisoo keessatti hojjatu hubannaa keessa galchuun guddinaaf misooma ummataa isaatiif qaama gumaacha oli'aana taasisu ta'ee akka tajaajilu taasisuuf humna misoomawaa dabalataa akka ta'u gochuun dhimma xiyyeefannaan hojjetamuu qabuu dha.

Kana irraa ka'uu dhaan bara xumuuraa karoora Guddinaa fi Tiraansfoormeshinii /KGT/kana dhalataan oromiyaa Biyyaa alaa jiraatu hundi haala sochii siyaas diinagdee naannichaa irratti hubannoo fi odeefannoo guutuu akka argatuuf

naannichaa keessatti konfarnaasii fi yaa'ii seena qabeesa tokko qopheesuun diyaaspooran oromiyaa guddina dinagdee fi haawasummaa naannichaa keessatti gahee isa irraa eegamu akka bahu carraa kan uumuf ta'a. Bu'uuruma kanaan '**Kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa Marsaa Tokkoffaa, bara 2007''** mata duree jedhuun karoorri hirmaanna diyaaspooraa sadarkaa olaanatti ceesisu akka armaan gadiitti qophaa'ee jira.

2. Barbaachisummaa Ayyaanichaa

- *Dhalataan oromiyaa biyya alaa jiraatu kamiiyyuu sochii siyaasa fi ijaarsa sirna dimookaraasii biyaattis ta'ee naannicha keessatti gahee isaa bahuuf mirga akka qabu ni beekkama. Haa ta'u malee Diyaaspooran Biyya alaa jiraatan heedduun isaanii qooda akka hin fudannee carraa hunda cufuun odeefannoo qaamota farra nageenyaa fi mankaraarsitootaa qofa dhagahee burjaja'aa akka jiraatu ni beekama. Haa ta'u malee yaa'ii kanatti fayadamuudhaan diyaaspooran oromiyaa hundi odeefannoo wayitawaa, gahaa, qulqulina qabuu fi Kan dhugaa irratti hundaa'ee qabaatee sochii siyaas-diinagdee gaggeeafamu keesatti damaqinaan hirmaachuu akka danda'auu haala mijeesuuf,*

- *Dhalataan oromiyaa biyya alaa jiraatu kamiiyyuu guddina diinagdee ariifataa ittifufiinsa qabuu fi ummatni keenya sadarkaa sadarkaadhan fayyadamaa taasisaa jiru kana boqonnaa olaanaatti ceesisuu fi tiraanisfoormeshinii diinagdee galmeesaa jirru kana keessatti diyaaspooran oromiyaa gahee isaa akka tapatu gochuuf akkasumaas dandeettii,beekumsa, teeknoolojii fi qabeenyaa isaa gara biyyaatti fiduun misooma biyyaa keessatti gahee isaa irra eegamu akka bahu gochuuf,*

- *Dhalataan oromiyaa biyya alaa jiraatu kamiyyuu guddina dinagdee akka biyaatti galmaa'aa jiru kana keessatti gaheen naannoo oromiyaa guddaa ta'uu irraa darbee biyyi akka biyaatti waliin akka jiraatu gochuuf gaheen naannoo keenyaa olaanaa akka ta'ee hubachiisuuf, akkasumaas aadaan, afaan fi seenaan oromoo sadarkaa hundatti dagaagaa fi guddachaa akka jiru hubannoo walfakkaatu keenuu fi diyaaspooran oromiyaa gudina aadaa fi afaanii ummata isaa keesatti gahee isa irraa eegamu akka bahu gochuuf,*

3. Kaayyoo

- *Dhalataan oromiyaa biyya alaa jiraatu hundinuu naannoo Oromiyaa ilaalchisee odeefannoo fi ragaa qabatamaa akka argatu gochuun sochii hawaas diinagdee naannichaa keessatti gahee isaa akka bahu gochuuf,*

- *Diyaaspooran Oromiyaa Guddina Misooma diinagdee fi hawaasummaa akkasumaas Aadaa, afaan fi seenaa ummata Oromoo dagaagsuu keessatti hirmaataa fi faayyadamaa akka ta'u haalawwan barbaachisaa ta'an mijeesuuf,*
- *Walitti dhufeenya diyaaspoora oromiyaa fi haawaasa naannoo oromiyaa gama hundaan jiru akka cimuu fi ittifufiinsa akka qabatu gochuf,*
- *Diyaaspooran Oromiyaa Beekkumsa, Hoggummaa Fi qabeenya isaa fayyadamuun naannoo Oromiyaa keessatti invest akka godhuuf akkasumaas Cee'umsa beekumsaa fi teeknoolojii akka mirkaneesuu Carraa banuuf,*

4. Qabiyyeewwan Kabaja Ayyaanichaa

Sagantaan ***Kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa bara 2007*** haala hoo'ina fi dammaqina qabuun kabajuun ayyaanicha seena qabeesa akka ta'u taasisuun barbaachisaa waan ta'eef qabiyyeewwan gurgguddoo armaan gadii kan ofkeessa qabu ta'a.

4.1 *Guyyaa Simannaa fi Baniinsaa Feestivaala*

Diyaaspooran Oromiyaa kabaja ayyaana kana irratti hirmaachuuf biyyoota gara garaa irraa dhufaaniif sagantaan simaanaa fi baga nagaan dhuftaanii Giddugala Daandii Xiyyaara Idil Addunyaa Boolee irraa kaasee hanga iddoo bultii isaanitti haala hoo'aa ta'een kan raawatamu ta'a.

Kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa Kana irratti Ambaasadaroota dabalatee **Miseensa Diyaaspooraa 3000** oli t a'an ni argamu jedhamee yadama.

Guyyaa simannaa fi Baniinsa kana irratti koree dhimmi ilaalatuun haala qindoomina qabuu fi ijaarameen simaanaan erga gaggeefamee booda sagantaa baniinsa kabaja ayaana torban diyaaspooraa oromiyaa bakka gaggeefamu Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa Galma abbaa Gadaatti kan imalan ta'a.

Guyyaa simaannaa fi baniinsaa kana irratti hooggantooni mootummaa fedaraalawaa fi Naannoo Oromiyaa, Bakka bu'oonnii ummataa, Hawaasa Diyaaspooraa fi Ambaasadaroonni bakka argamanitti haala hoo'ina qabuun kana banamu ta'a. Qophii baniinsaa ilaalchisee karoorri gadifageenya qabu qophaa'ee hanga jal-bultii ayyaanichaatti kan qaqqabu ta'a.

4.2 *Guyyaa Marii Paaneelii fi Siimpoozieemii*

Akkaataa sagantaa guyyaa kanaatti mariin paanalii/Simpooziemmii kan qophaa'uu yoo ta'u, diyaaspooran Oromiyaa kabaja ayaanichaa irratti argaman hundi barreefama ayyaanichaaf qophaa'ee irratti kan marii'atan ta'ee, keesattuu sochii investimentii naannicha keessatti raawwatamaa jiru, hojii investmentii Diyaaspooran irratti bobba'uu barbaadu fi imaammata mootummaa misoomawaa keenya, Qajeelfamaa fi dambii sagantaa Ijaarsa manaa (Housing Program) akka biyyaatti bahe fi kkf irratti barreefamni adda addaa kan qaphaa'uu fi mariin kan irratti gaggeefamu ta'a. Barreefamni dhiyaatu Karaa dhaabbilee barnootaa olaanoo naannoo keenya keesa jiraniin (Yuuniversitii Haromiyaa, Yuuniversitii Jimmaa, Yuuniversitii Adaamaa, Yuuniversitii Amboo, Kollejji Pablii Sarviisii Oromiyaa fi kkf) kan qophaa'u ta'a.

Bifa walfakaatuun hayyoonii, profeesaroonni fi saayntistoonni oromoo beekamoo addunyaa irraa jiran barreefamoota mataa duree cee'uumsa fi guddina saayinsiif teeknoolojiif jedhu irraatti gumaachaan akka dhiyeesan ni taasifama. Mariiwwan paanalii fi sympoozieemii kun akkaataa qindoomina qabuu fi seektara adda addaattin qooduun kan dhiyaatu ta'a.

4.3 *Guyyaa Daawwannaa fi Oromiyaa Baruu*

Akkaataa sagantaa kanaatiin guyyootan 2-3 kan ta'an sagantaa daawwannaa ***''Oromiyaa Haa barru''*** jedhuun kan qophaa'uu yoo ta'u, siidawwan adda addaa, iddoowwan seena qabeesa ta'an , Iddoowwan Misoomaan Hojii fekkeenyummaa qaban, iddoowwan hawwata turiizimii ta'an kan filatamanii qophaa'aan, iddoowwan beekamoo fi filatamoon kun diyaaspooraa Oromiyaatiin kan daawwatamu ta'a. Daawwanaan kun yeroo gaggeefamu garreewwan adda addaatti kan qoodamanii fi uummanii oromoo iddoo jirutti simmaanna adda adda akka taasisuuf kan taasifamu ta'a.

Carraa kanatti fayyadamuu dhaan Diyaaspooran oromiyaa daawwanna kana irratti hirmaatu gama tokkoon maatii isaa waliin kan walquunnamu yoo ta'u, gama biraatiin immoo Waliitti dhufeenya Diyaaspooraa fi ummata keenya cimsuuf Faayidaa olaanaa kan qabu ta'a.

Kanaafuu Tarsiimoowwan fi imaammatoonni Mootummaa misoomawaa keenyaan Bocamnii hojii irra ooluu isaanitiin faayydamummaa uummataa keenyaa karaa

guutuu ta'een akka hubatan kan isaan gargaaruu waan ta'eef hojii koominikeshinii ittifufiinsa qabu ummuuf fi hubannoo isaanii cimsuuf kan gargaaru ta'a.

4.4 Guyyaa Spoortii fi Aartii Oromoo

Akkaata sagantaa kanaatiin guyyaa kanatti dorggoomiin spoortii adda adda Darggagoota, Barattoota, Abbootii Taaytaa fi Diyaaspooraa Oromiyaa gidduutti kan taasifamu ta'a.

Haaluma kanaan Darggagoota fi Dubartoota Diyaaspooraa Oromiyaa fi Darggagoota fi Dubbartoota Naannoo Oromiyaa Gidduu, Hooggantoota Naannoo Oromiyaa Fi abboottii Qabeenyaa Diyaaspooraa Gidduu, Artistoota Diyaaspooraa Oromiyaa Fi Artistoota Naannoo Oromiyaa Gidduu , Waldaa Diyaaspooraa Oromiyaa Fi Waldaa Misooma Oromiyaa Gidduu Dorgomiin spoortii adda addaa kan gaggeefamu ta'a.

Gama biraatiin Artistoonni Beekamoo Naannichaa hundi Sababa kabaja ayyaanichaatiin sagantaawwan adda addaa, Konsartiiwwan adda addaa, Kliipota adda addaa, Faarruu sirboota bashanansiisaa fi barsiisaa ta'an iddoo sagantichi kabajamu hundaatti argamuun kan dhiyeesan ta'a.

4.5 *Guyyaa Exibiishiinii Misoomaa Fi Dhakaa Bu'uuraa*

Guyyaa egzibiishinii kanatti bu'aawwan gurgguddoo gama ijaarsa sirna dimookrasii, misooma diinagdee fi hawaasummaatiin naannicha keessatti argaman galma Giddugala aadaa Finfineetti/Galma Abbaa Gadaatti qopheesuun kan daawwataman ta'a.

Bifa walfakkaatuun Diyaaspooraan Oromiyaa biyyoota adda addaa keesaa dhufan hooggumma adda addaa qaban beeksisuu fi carraa banuuf akka gargaaru fi cee'umsa teeknooljii irratti gahee isaanii akka bahan gama isaanitiin agarsiisa egzibishinii akka qopheesani dhiyeesan haalli kan mijaauuf ta'a.

Diyaaspooraan Oromiyaa gahee isaan guddina biyyaa keessatti qaban haaroomsuu fi waadaa galchuuf dhak'aan bu'uuraa yaadannoo isaanitiif akka ta'u iddoo beekamaa fi filatamaan qophaa'ee kan ka'amu ta'a. Guyyaa kanaatti karaan diyaasporaa Oromiyaatiin filatame kan mooggaafamu ta'a.

Dhuma irratti Diyaaspooran Oromiyaa Sochii Waldaa Misoomni Oromiyaa Taasisaa jiru cina dhaabachuu fi deeggarsa gochuuf ''**Mana Barnootaa Bultii Addaa Oromiyaa''** daawwachuudhaan Diyaaspooran Oromiyaa Gahee isa irraa eegamu yeroo waadaa Itti galu fi Ijaarsa jalqabamaa jiru keessatti qooda kan fudhatu ta'a.

4.6 Guyyaa Biqiltuu Dhaabuu

Guyyaan biqiltuu dhaabuu kan gaggeefamuu sagantaa misooma diiangdee magariisaa (Green Economy) biyyi keenya hordofaa jirtu cimsuu fi Misooma Qabeenya umammaa naannichaa kunuunsuu fi eeguu keessatti Sochii bal'aa Ummanni keenya taasisaa jiru cina dhaabachuudhaan Diyaaspooran Oromiyaas gahee isaani irraa eegamu akka bahan iddoowwan adda adda filatamanitti sagantaa biqiltuu dhaabutiin kan kabajamu ta'a.

Sagantaa kana milkeesuuf Biiroo Qonnaa Oromiyaa, Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Industrii fi Misooma Magaalaa fi qaamni dhimmi ilaalatu dursee qophii gahaa kan taasisu ta'a.

Carraa kanaan Paarkiiwwan Magariisaa Filataman Magaalota Oromiyaa adda addaa keessatti Maqaa Diyaaspooraa Oromiyatiin ***''Paarkiin Magariisaa Diyaaspooraa Oromiyaa''*** Kan Mooggaafamu ta'a. Paarkoonni Moggaafaman kun abbummaan Diyaaspooraan Oromiyaa fudhatee Kan eeguu, kan misoomsu fi Kan kunuunsu ta'a.

4.7 Guyyaa Haaromsaa

Guyyaa haaromsa kana irratti diyaaspooran Oromiyaa ayyaanicha irratti hirmaatan hundi, ambaasadaroonni , hooggansi mootummaa Naannichaa fi Federaalawaa ,Bakka bu'oonni Ummataa, artistoonnii beekamoo Naannichaa, abbootiin amanataa fi namootiin beekamoon bakka argamanitti afeeraan addaa kan godhamuu fi sirna beekamtii ittikennamuu ta'a.

Sirna kana irratti bakka bu'oonni waldaa Diyaaspooraa oromiyaa biyyoota gara garaa irraa dhufan yeroo beekamtiin itti kennamu ta'a, sagantaan kun Magaalaa finfinnee ***Hoteelaa Sharaatan Int./llillee Int. Hoteelitti*** kan gaggeefamu yoo ta'u guyyaa xumuura Kabaja Ayaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa Tamsaasaa TVO tamsaasa Kallattiiti fi qophii addaatiin kan golobamu ta'a.

5. Hooggannoo Sagantichaa

Kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa yeroo kabajamu dhaadannoo fi hooggannoon ***''Hirmaannaa Diyaaspooraa Sadarkaa Olaannaatti Ceesisuun Haaromsa Biyya keenyaf haa Tumsinu '' fi ''Hirmaannaan Diyaaspooraa Oromiyaa Haaromsa Biyyaaf''*** kan jedhuun kan kabajamu ta'a.

6. Hojiiwwan Gurguddoo Hojjetamuu Qaban

- ✓ Magaala Oslo fi Stockholm itti koree moobilayizashiniif qindeessituu Festivaala torbee Diyaaspoora Oromiyaa hundeessu,
- ✓ Koreewan hundeefamaniif Festivaala torbee Diyaaspoora Oromiyaafi hojii koree ilalchisee oreenteshiin gababaa kennuu,
- ✓ Karoora hirmaachisaa fi hojii irra ooluu danda'uu qopheesuu,
- ✓ Karoora qophaa'ee irratti Koreen moobilayizashiinii Oslo fi Stockholm akka mari'atu ta'ee waliigalteen mirkaneesuu,
- ✓ Hojii odeefannoo fi beeksisaa buldhinaan akka hojjatamu akkasumaas hirmaatota festivaala online galmessuuf akka tajaajilu website festivaala bocuu,
- ✓ Marii kooreef deegartoota wojjiin taasifamu milkeessuuf akka danda'amu midiyalee hawaasummaa kan akka Skype, paltalk, facebook k.k.f hundeessuu
- ✓ Website,face book, paltalk fi Miidiyalee fi tooftaa adda addaatti fayadamuun Ayyaana/Feestivaala Torbee Diyaaspoora Ormoiyaa beeksisuuf hojii moobilayizashiinii ciminaan hojjachuu,
- ✓ Namoota Feestivaala Diyaaspoora Oromiyaa irraatti hirmaachuuf qophaa'an addaan baasuun galmeessu,
- ✓ Fedhii hirmaanna addaa (Hirmaanna waldorgommii Ispoortii, hirmaanna Igzibishiini, Bareefama Qorannoof qorannoo dhiyeessu fi k.k. f) akka biyyoota Nordic itti jiru sassaabuun koree waliigala Naannoo ykn Dayireektoreetii dhimma diyaaspoora Oromiyaatiif akka dhiyaatu gochuun saganataa ayyaanichaa keessatti akka hamatamu taasisuu,

- ✓ Yoo barbaachisaa ta'ee koreen teekinikaa hundeefamee karoora waliigalaa irratti hundaa'uun karoora mataa isaa gadifageenyan (detail action plan) akka qopheesatu taasisuu,
- ✓ Koreen Oslo fi Stockholm koree teeknikaa wojiin ta'uun waltajjii idilee mataa isaani akka qabatanii fi hojiicha yeroo yeroon gamaagamaa akka deeman gochuu,
- ✓ skype ykn paltalk ykn teleconference tti yadamuun koree waliigala Naannoo ykn Dayireektoreetii dhimma diyaaspoora Oromiyaa wojjiin sagantaa idleetin walgahuun dhimma festivaala irratti mari'achuu
- ✓ Koree loojistiikii naannoo wojjiin ta'uudhan imala hirmaatotaa festivaala qindeessuu fi imala isaani milkeessu,
- ✓ Walgahii marii idleetiin deeggarsa fi hordoffii cimaa taasisuu akkasumaas raawwii qophii festivaala ilaalichisee koree naannootiif gabaasa turban lama lamaan ergu,

7. Koreewan Moobilayzashiinii Ayyaana Torbee Diyaaspoora Oromiyaa Biyyoota Scandinavia

7.1 Koree Stockholm-Sweden

T. L	Maqaa Guutuu	Magaalaa	Bilbila	E-mailii	Gahee Hojii
1	Taraffaa Burka	Stockholm	+46-762 654 075	burka.okoli@ymail.com	W/qabaa
2	Dirree Michaeel	Stockholm	+46-723 008 058	mdidawa@hotmail.com	I/A/w/ qabaa
3	Worquu Jaanka	Copenhagen-DK	+45-819 089 74	workujanka@yahoo.com	Barreesaa
4	Shamis Umar	Stockholm	+46-722 780 718		Miseensa
5	Tafa Gonfa	Sakkara	+46-709 942 280	taffa.gonfa@gmail.com	Miseensa
6	Shami Yusuf	Göteborg	+46-729 268 157	urgeyssaa@utlook.com	Miseensa
7	Ahimad Sa'iid	Stockholm	+46-701 872 599	ahmedj@live.se	Miseensa
8	Tesfaye Daba	Örebro	+46-762 707 920		Miseensa
9	Aziizaa Abdellaa	Stockholm	+46-737 249 812	azizaabdella@yahoo.com	Miseensa

7.2. Koree Oslo-Norway

T. L	Maqaa Guutuu	Magaalaa	Bilbila	E-Mailii	Gahee Hojii
1	Tarafaa Burqaa	Stockholm	+46-762 654 075	burka.okoli@ymail.com	W/qabaa
2	Hambisaa Liiban	Bergen	+47-952 042 17	Kuma47@hotmail.com	I/A/w/ qabaa
3	Zawduu Takluu	Åarhus-DK	+45-914 168 00	teklu78@hotmail.com	Barreesaa
4	Dr. Damisee Areddoo	Oslo	+47-216 802 64	Demissie.aredo@gmail.com	Miseensa
5	Areeroo Tafesee	Oslo	+47-969 804 93	abbarobaa@yahoo.com	Miseensa
6	Jarjarsoo Wariyoo	Moss	+47-998 744 52	wadaay@bakkalchatv.com	Miseensa
7	Dr. Obsaa	Oslo	+47-968 553 06	abesadoo@yahoo.com	Miseensa

8. Gahee fi Ittigaafatamummaa Koree Diyaaspooraa Biyya alaa

- Karoora kabaja ayyaanaa Torban Diyaaspooraa Oromiyaa ni qopheesa, Karooraa qophaa'ee waajjiraa Dhimma diyaaspooraa Oromiyatii erguun yaadaan erga gabbisee boodaa hojii irra ni oolcha,
- Diyaaspooraan oromiyaa biyya alaa jiraatu hundinuu misoomaa naannichaa keessatti hoggumaa, beekumsa fi dandeettii qabuun gumaacha akka taasisuu waamicha ni dabarsa, ni afeeraa ni kakaasa,
- Hirmaatota kabaja ayyaanaa diyaaspooraa oromiyaa irratti hirmaataan formaatii qophaa'ee irratti adda baasuun ni galmeessa , koree olaanaf gabaasaa ni dhiyeesa,
- Miseensota Diyaaspooraa Dorgommii Spoortii, Dorgommii Bareedinaa, Dorgommii Simpoosiyeemii fi kkf irratti hirmaachuu barbaadan adda baasee koree olaanaaf ni dhiyeesaa,
- Waa'ee barbaachisummaa kabaja ayyaanichaa ilaalchisee Waltajjiiwwan xixiqaa adda addaa koree olaanaa waliin ni gaggeesa, murtewwaan adda addaa ni dabarsa,
- Hirmaattotaa sochii investimantii adda addaa fi cee'umsa teeknooljii (Technology transfer) irratti bobba'uu fi gahee isaanii bahuu barbaadan adda baasuuni odeefannoo ni kennaa ,
- Sochii Waldaa Misooma Oromiyaa jalqabe keessatti gahee isaan irraa eegamu akka gumaachaan ni kakaasaa, ni hirmaachisa ni galmeesaa,
- Kabaja ayyaana turban diyaaspooraaa irratti hirmaachuuf yeroo sochoo'aan tajaajilaa adda addaa ittiin argachuu danda'ani irratti haala ni mijeesaa,
- Koreewwwan adda addaa kabaja ayyaana diyaaspooraa oromiyaatiif dhaabate waliin (bilbilaan, interneetiidhaan, paaltokii fi kkf)walqunnamtii ni taasisaa,

- Raawwii gabaasa qophii ayyaanichaa ilaalchisee torban lama lamaan ni qopheesaa koree olaanaaf e-mailii , bilbilaan fi kkf ni erga,
- Koreewwan adda addaa waliin walittidhiyeenyaan ni karoorsa ni raawwata,

9. Guyyaa Kabaja Ayyaannichaa

Guyyaan kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa Walgahiin idilee Ambaasadaroota fi Diyaaspooraa akka Biyyyaatti osso hingaggeefamin dursee kan kabajamu ta'ee, **Adooleesa 27-Hagayya 03 bara 2007tti** Torban Tokkoof kabajuuf karoorfamee jira.

10. Sagantaa Raawwii 'Kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa bara 2007'

T. L	Hojiiwwan hojjetaman	Qaama Hojjetu	Yeroo(Baatii)
1	Magaala Oslo fi Stockholm itti koree moobilayizashiniif qindeessituu Festivaala torbee Diyaaspoora Oromiyaa hundeessu	Jiila Naannoo Oromiyaa	Gurraandhala
2	Koreewan hundeefamaniif kaayyoo Festivaala torbee Diyaaspoora Oromiyaafi hojii koree ilalchisee oreenteshiin gababaa kennuu	Jiila Naannoo Oromiyaa	Gurraandhala
3	Karoora hirmaachisaa fi hojii irra ooluu danda'uu qopheesuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Gurraandhala
4	Karoora qophaa'e irratti akka yaada kennuuf Dayireektoreetii Olaana dhimma diyaspooraa Oromiyaatiif erguu	Koree Oslo fi Stockholm	Gurraandhala
5	Karoora qophaa'ee irratti Koreen moobilayizashiinii Oslo akka mari'atee mirkaneessa	Koree Oslo	Bitoteessa
6	Karoora qophaa'ee irratti Koreen moobilayizashiinii Stockholm mari'atee mirkaneesssa	Koree Stockholm	Bitoteessa
7	Hojii odeefannoo fi beeksisaa buldhinaan akka hojjatamu akkasumaas hirmaatota festivaala online galmessuuf akka tajaajilu website festivaala bocuu	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa
8	Marii koreef deegartoota wojjiin taasifamu milkeessuuf akka danda'amu midiyalee hawaasummaa kan akka Skype, paltalk, facebook k.k.f hundeessuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa
9	Website,face book, paltalk fi Miidiyalee fi tooftaa adda addaatti	Koree Oslo fi	Bitoteessa-

	fayadamuun Ayyaana/Feestivaala Torbee Diyaaspoora Ormoiyaa beeksisuuf hojii moobilayizashiinii ciminaan hojjachuu,	Stockholm	Adoleessa
10	Network iddoo jireenna,Hiryaa fi maatii fayadamuun hojii komunitii dadamaksuu fi Festivaala irratti hirmaachuuf akka murteessan kakkaasuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa-Adoleessa
11	Fedhii hirmaanna addaa (Hirmaanna waldorgommii Ispoortii, hirmaanna Igzibishiini, Bareefama qorannoo dhiyeessu fi k.k. f) akka biyyoota Scandinavia itti jiru sassaabuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa-Caamsaa
12	Fedhii sassaabame koree waliigala Naannoo ykn Dareektoreetii dhimma diyaspooraa Oromiyaa akka dhiyaatu gochuun saganataa ayyaanichaa keessatti akka hamatamu taasisuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa-Caamsaa
13	Miseensota Diyaaspoora Oromiyaa Feestivaala irraatti himaachuuf qophaa'an addaan baasun galmeessu,	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa-Adoleessa
14	Yoo barbaachisaa ta'ee koreen teekinikaa hundeefame karoora waliigalaa irratti hundaa'uun karoora isaa gadifageenyan (detail action plan) akka qopheesatu gochuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Caamsaa-Adoleessa
15	Koreen Oslo fi Stockholm koree teeknikaa wojiin ta'uun waltajjii idilee mataa isaani akka qabatanii fi hojiicha gamaagamaa akka deeman gochuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Caamsaa-Adoleessa
16	Skype ykn paltalk ykn teleconference tti yadamuun koree waliigala Naannoo ykn Dayireektoreetii dhimma diyaaspoora Oromiyaa wojjiin sagantaa idleetin walgahuun dhimma festivaala irratti mari'achuu,	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa-Adoleessa
17	Koree loojistiikii naannoo wojjiin ta'uudhan imala hirmaatotaa festivaala qindeessuu fi imala isaani milkeessu,	Koree Oslo fi Stockholm	Adoleessa
18	Imbaasin Stockholm sirna deeggarsa fi hordoffii cimaa diriirsuun, walgahii idleetiin marii bifa qindaa'en milkaa'ina festivaalatiif hojjachuu,	Koree Oslo fi Stockholm fi Imbaasi	Bitoteessa-Adoleessa
19	Raawwii qophii festivaala ilaalichisee koree naannootiif gabaasa turban lama lamaan ergu,	Koree Oslo fi Stockholm	Bitoteessa-Adoleessa

11. Xumuura

Naannoo keenya keessatti sochii mootummaan misoomawaa keenya taasisaa jiruun bu'aa abdachiisaan gama misooma dinagdee, haawassummaa fi ijaarsa sirna dimookraasitiin galmaa'aa jiran faayyadamummaa ummataa keenyaa mirkaneesaa akka jiran hubatamee jira. Bu'aan kuni olaantummaan kan galmaa'uu danda'ee gurmaa'insa humnoota sadan (Ummata, dhaaba fi mootummaa) akka ta'ee sirriitti beekama. Keessattuu hirmaannaan uummata keenyaa yeroo dha gara yerootti dabalaa dhufuun isaa toora haroomsaa keenya karaa sirrii fi guddina dinagdee keenya kan dhugoomsu akka ta'ee hubatamee jira.

Deemsa haaromsa biyya keenyaa keessatti hirmaannaan uummataa keenyaa murteesaa waan ta'eef diyaaspooraan oromiyaa biyya ala jiratuu gahee isaa irra eegamu bahuu jalqabuu isaatiin sochiin akka jalqabiitti jiru cimina akka qabaatu gochuun murteesa dha. Sochii diyaaspooraa oromiyaa biyyaa alaa jiraataan sadarkaa olaannatti ceesisuuf waltajjiiwwan adda addaa umuun waliittidhufeenya Hawaasa diyaaspooraa fi ummataa keenyaa cimsuun barbaachisaa akka ta'ee waan ittiamanameef karoora adda akka qophaa'uu ta'ee jira.

Bu'uuruma kanaan ***'Kabaja Ayyaana Torban Diyaaspooraa Oromiyaa bara 2007"*** akka qophaa'uu yemuu ta'uu fuula duratti gaheen diyaaspooraa misooma keenya keessatti qabu murteesa waan ta'eef sochii gama kanaan jiru cimsuun gaheen diyaaspooraa Oromiyaa sadarkaa olaannatti akka cee'uu qaamni hundi tumsa kan taasisu ta'a.

Haaluma kanaan diyaaspooraa Nannoo keenyaa bifa ijaaramee fi gurmaa'een sochii misooma keesatti qooda akka fudhatu gama mootummaa naannoo oromiyaatiin xiyyeefannoo addaatiin kan hoogganamu ta'a.